Bibliani Ijoolee

Jala qabata
Laalala Nama

Nami t'aafe: Edward Hughes

Ka choore: Byron Unger; Lazarus
Alastair Paterson

Ka gadi deebise: M. Maillot; Tammy S.

Ka afaani deebise: Christian Lingua Translation
Agency Christianlingua.com

Ka gadi baase: Bible for Children
www.M1914.org

©2020 Bible for Children, Inc.

Lesana: Atini d'uga odu tana irra baafatteni yokhaani gadini
baafattu hinqabda ammo hingurgurini.

WAAQI WAAN CH'UFA MID'AASSE! Gaafa Waaqi nama qara mid'aasse, Adamu, inni Obru Edeni keessa niiti isa, Hawa wolini taani. Worri gammaada qit'oomaatini Waaqaa salfatani ammalle fuula Waaqa duuraatti gammadani haga guyya tokko…


“Ila, d’uguma Waaqi mukha tokkolle hinyatina isaanini jed’e?” bofi Hawa gaafate. “Nu mid’aani mukha ch’ufa hinyaana tokko male,” isini jetteni. “Yo nu mid’aani suni nyaanne yokhaani harkani qabanne, nu hindoona.” “Hindootani,” bofi jed’eeni.

“Isani aka Waaqi taatani.” Hawaini mid’aani mukha suni kajeelte. Isini boofa d’ageette mid’aani suni nyaatte.

Eegi Hawaini Waaqa salfachu didde isini Adamulle akka inni mid'aani suni nyaatu tolchite. Adamuni sila, "Hiyyo, anin Waaqaa salfachu hindiidu," jechuu male.

Eegi Adumuufi Hawaini ch'ubbu hojjatte, worri lachu akka qulla jiru ufi beekhe. Baala mukha odaa hodd'aatani akka woya nagatani ammalle raasa keessatti fuula Waaqa dura d'okatani.


Qabaanna galgala gula Waaqi gara obruu d'ufe.
Inni waan Adamuufi Hawaini tahani himbeekha.
Adamuni Hawai halite. Hawaini bofa halatte. Waaqa waan jed'e, "Bofi ya abaarame. Nitini laalani ilmaani d'aalti. "Adamu, marro atini ch'ubbu hojjatteefi, laaftilleni ya qoraatiifi mogorreni abaaramte. Atini huji hojjatte damfite sagale guyya ch'ufa argatta."


Waaqi Adamuufi Hawai obru
dansa taani keessa guusse.
Marro worri ch'ubbu
hojjateefi, worri Waaqa
jireenna nama
keennuni
gargari
bahani.


Waaqi sheefti ibidda baaftu
tokkoni worra aalatti d'owwe.
Waaqa gaad'a goga horii
Adamufi Hawai mid'aasse.
Waaqi goga suni
essa fuud'e?

Eegi suni, maatini Adamufi Hawai d'alaatte. Ilmi worra ka qara, Kainini, nama obru qotu. Ilmi worra ka laammessoo, Abelini, nama hori tissu. Guyya tokko Kainini waan obruni baaftu akka sorio Waaqa baase.

Abelni hooliyye isa keessa mimmidd'addu file akka sorio Waaqaa baase. Waaqi sorio Abeli irra gammade.

Waaqi sorio Kaini irra hingammanne. Kainini guddo dallanne. Ammo Waaqi waan jed'eni, "Yo atini sila waan dansa tolchite, wonti sirra hinfud'annefi hinjirti?"

Dalansuni Kaini irra himbanne. Eegi gise gabaabdu diida keessaatti inni Abeli d'aane -isa ijjese.

Waaqi Kainini dubbaate. "Obboleessi ke, Abelini me?" "Anini himbeekhu," jed'e Kainini d'ara dubbate. "Natti oboleessa kiyya tissa?" Waaqi Kaini kara beekha lafani qotani irra fuud'e nama lafa maaru tolcheni adaaba itti buuse.

Kainini fuula Waaqa dura deeme. Inni intala Adamufi Hawai fuud'e. Worri maati wolini horate. Hojjuma, akhakhowaaniifi abaabowaani Kaini diira worri yayyabe kaani guute.

Marruma suni, worri Adamufi Hawai harifate guddaate. Bara suni, nami haga bara kana irra ganna gudda taa.

Gaafa ilmi isii ka Seti jed'aani d'alaate, Hawaini waan jette, "Waaqi Seti ka fula Abeli na buhu na keenne." Setini nama Waaqa sodaate ganna 912 tae ilmani heddulle d'ale.

Lafa keessatti, nami akkuma d'alooti hareessi d'ufutti hameenni isa lafa irra d'abre. Duuba, Waaqi akka nama baleessu kutaate bineensaafi simp'irreni ch'ufti. Waaqi waan nama uumefi gaabbe.
Ammo namichi
tokkochi Waaqa gammachiise ...

Namichi kunini Nuhu. Inni d'aalota Seti, Nuhuni nam qajeela wollaala hinqamne. Inni Waaqani wolini deema. Inni ilmaani isa ta d'iira sadeeni Waaqaa salfachu barsiise. Ammantan, Waaqi akka Nuhu kara mama tokkoni
hojjachuni fed'a.

Jala qabata Laalala Nama

Odu tokko ta Dubbi Waaqa, Bibliaa,

Fula keessatti argani

Uumana 3-6

“Fuloni Dubbi teeti ibse keenniti.”
Faaru 119:130

Buufata

Bibliani odu Waaqa jaba tokko ka nu
uume ammalle si isa beettu fed'u nutti hima.

Waaqa himbeekha akka nu waan hamtu hojjanne,
ta Inni ch'ubbu jed'uuni. Gatini daba duisa, ammo Waaqi
guddo si jaalata Inni Ilma Isa tokkocha, Yeso, erge akka inni
maskali irratti due ch'ubbu tantetiifi d'aanamu. Duuba Yesoni
jireennatti deebie Gubbaattiitti gale! Yo atini Yeso d'ugefatte
ammalle akka Inni ch'ubbu si araaramu kad'ate, Innis ii tolcha
akkasi! Inni d'ufe si keessa taa ammantana, atilleni
Isani wolini haga jiru jireenna teetta.

Yo atini d'uga tana d'ugefattu, waan kana Waaqani jed'i:
Yeso Kiyya, Anini hind'ugefadd'a Atini Waaqa, ammalle nama taate
akka marro ch'ubbu tiyyatiifi naa dootu, Atini ammantana hinjirta.
Jireena kiyya keessa seeni ch'ubbu tiyya na araarami, akka anini
jireenna haraa ammantana argadd'u, ammalle akka guyya tokko
d'aqe si wolini haga jiru jireenna tau. Akka anini si salfadd'e akka
Ilmaan tanteeti si wolin jiraadd'u na dandeessisi. Amin.

Biblia soomi Waaqani wolini hasai guyya ch'ufa! Yohana 3:16